

Dhugaan yoo mul'atu

Dhugaa dubbii sagalee waaqayyo ibsuuf
kan gargaruu qu'annoo macaafa qulqulluu
barbaachisoo 16 kitaaba of
keessaatti qabateedha.

Paa'ul Adams fi Yohannis Filippiis
(Paul Adams & John Phillips)

© Paul Adams and John Phillips 2017, 2021

Second Edition 2017, reprinted 2021

First Edition Published in 2015 by

BeaconLight Trust
PO Box 91
Banstead
Surrey
SM7 9BA
United Kingdom
Email: books@beaconlight.co.uk
Website: www.beaconlight.co.uk

ISBN 978-1-906526-23-8

Design by Ben Desmond

Printed by Holbrooks Printers Ltd
Norway Road, Hilsea, Portsmouth
Hampshire, PO3 5HX

Paul Adams and Yohan Phillips have asserted their right under the Copyright, Designs and Patents Act 1988, to be identified as authors of this work.

Some rights reserved. The copyright holders give free licence for this publication to be reproduced or transmitted, in any form or by any means, or stored in any retrieval system of any nature, without prior written permission provided that such use is for non-commercial purposes. Full acknowledgement of authors, publisher and source must be given.

You shall not without the copyright holders' prior written consent modify or otherwise alter this publication.

Your rights for permitted fair dealing under the Copyright, Designs and Patents Act 1988 are in no way affected by the above.

British Library Cataloguing in Publication Data

A catalogue record for this book is available from the British Library.

Acknowledgements

Material is contained in this publication for which publishing permission has been sought, and for which copyright is acknowledged. Permission to reproduce such material cannot be granted by the publishers and application must be made to the copyright holders.

Adapted from 'Truth Direct' by Paul Adams and Rick Creighton (published in 2007 by BeaconLight but titled 'Life Direct' in the first edition), which was adapted from 'Directions: Fifteen Bible Study Outlines on Basic Christianity' by Norman Warren (published in 1969 by Kingsway). Used with permission.

Scriptures taken from the Holy Bible, New International Version®, NIV®. Copyright © 1973, 1978, 1984, 2011 by Biblica, Inc.™ Used by permission of Zondervan. All rights reserved worldwide. www.zondervan.com. The "NIV" and "New International Version" are trademarks registered in the United States Patent and Trademark Office by Biblica, Inc.™

Qabiyyee

Seensa 5

Kutaa 1 - Amantii kiristaanata

1. Waaqayyo Abbaa 9
2. Ilmaa waaqayyo Yesuus kiristos 13
3. Afuuraa Waaqayyo 17
4. Uumamaa 21
5. Cubbuu 25
6. Furmataa waaqayyo, 1 Fannoo 29
7. Furmataa waaqayyo, 2 Du'a ka'uufi ol fudhatamu 33
8. Furmataa waaqayyoof deebii keenyaa 37

Macaafa qulqulluu beeku, Waaqayyoonis beeku 41

Kutaa 2 - Akkata jireenyaa kiristaanaa

9. Kiristaanummaa isa sirrii 47
10. Jiteenyi kiristaanummaa gatii inni nama kaffalchisuu 51
11. Macaafa qulqulluu 55
12. Kadhanna 59
13. Waldaa kiristaanaa 63
14. Tajaajilaaf waaqeffaanna 67
15. Seexaanaa 71
16. Lammaaffa deebi'ee dhufuu yesuus 75

Seensa

Dhugaan yoo mul'atu yaanni jedhuu kan qopha'ee Eenyuufi?

Bu'uurumaa isaa irraa kaase dhugaan yoo mul'atuu barreeffamni jedhuu kan barreeffame kiristaanootaafidha. Kana jechuun karaa yesuus kiristoos amantoota kan ta'aaniifi akka barsiisa macaafa qulqulluutti jiraachuuf filaannoo isaani namoota godhataaniif kan barreeffameedha.

Irrumaan caalaa ammoo kiristaanoonni haaraan dhugaa bu'aa qabeessaa macaafa qulqulluu keessaatti mul'ataan akka hubachuu danda'aaniif kan gargaaru qu'anna baayyee bu'aa qabeessaadha. Dhugaa macaafa qulqulluu otoo in hubaatiiniifi jireenyaa keenyaa keessaatti bu'uura taasifannee hojjiirraa otoo in Oolchiin jireenyaa sodaa waaqayyootin guutamee jiraachuu in dandeenyuu.

Kanaan dabalataan ammoo dhugaan mul'atuu qu'annaan jedhuu kun, Kanaan dura yeroo muraasaaf kiristaanoota kan turaaniifi bu'uura jireenyaa isaani irraa deebi'aan haareffachuu yookiin dadammaqsuu warroota barbaadaaniif qu'anna baayyee bu'aa qabeessaadha. qu'anna kanarra waan barataniin aja'ibsiifachuun isaanii in hafuu!

Tarii ammo kiristaanaa yoo ta'uu baattan, kiristaana jechuun maal jedhuu akka ta'ees yoo hubachuudhaa baattan, qu'annoo kana yommuu hojjeettaan gaaffiiwwaan keessaan baayyeedhaaf deebi ni argattuu. Irrumaan caalaa ammo fuula 41- 44 irraa yaadota jiraan bu'aa qabeessaa akka ta'aan ni hubattuu.

Qu'annaa dhugaan yoo mul'atu jedhuu akkamitti itti fayyadamuun nurra jira?

Qu'anna dhugaan yoo mul'atuu jedhuu karaa garagaraan itti dhimmaa ba'uu ni dandeenyaa. Qu'annawwaan kana dhuunfaa keessaaniin hojjeechuu yoo barbaaddaanis ni ta'aa. Akkas yoo ta'ee ammo tokko tokkoon qu'anna kanaaf sa'aati tokko(1) ramaduun isiniirra jira. Filannoon keessaan bifa Kanaan qu'achuu yoo ta'ee ammoo nama isiin gorsuu fi qajeelchuu(mentor) isiin barbaachiisa. Gorsaan keessaan ammo qabxiwwaan isiniitti ulfate isiniif ibsa .deebii isiin itti shakkiitan inni ykn isheen ammo ilaalaani isiniif sirreessuu.

Filannoon inni biraan ammoo nama tokkoo yookiin lama ta'aani waliin hojjeechuudha.kanaas yommuu gotaan gaaffiiwwaan tokko tokkoon isaanii waliin deebisuu yookiin ammoo gaaffiiwwaan hundumaa isaa kophaa erga hojjeettaani booda,deebii tokko tokkoon isaaf kennitaan waliin madalchiiftu.kanaan booda ammo dhimmoota ulfataa ta'aan irraatti erga mari'attaaniin booda kutaa << Dhimmoota itti yaadamuu qabuu >> jedhuu waliintokkummaan ilaaltu.

Filannoon inni sadaaffaan ammoo koorsi qu'anna kana iddoo lamatti qooduun geggeessaafi kan qu'achiisuu itti ramaduudha.yeroo qu'anna tokko tokkoon isaaf hanga torbaan saddeeti kan ga'uutu ramadaamaafi. Inni jalqabaa yeroo dabaree barnoota 1-8 kan haa guguu yoo ta'uu ,inni lammaffaafaan ammoo yeroo barnoota 9-16 kan haaguudhaa.

Baayyee mijaa'aa kan ta'uu gareen miseensota hundinuu dursaani qu'annaa sana ofii isaaniitiin dhuunfatti hojjeetani yoo dhufaanidhaa. Boqonnaawwaan tokko tokkoon isaatiif sa'aati tokko ramaadu qabduu. Walitti dhufeenyi isaaniis torbaanitti yeroo dabaree barnoota tokkootti akka waliin hojjeetaniif ta'ee yoo qindaa'ee gaariidha.

Deebii gaaffiiwwaan Irra deebi'uu - 35 minutes

Marii dhugaawwaan furtuu ta'aani. - 15 minutes

Gaaffiiwwaan kutaa'itti yaadamuu qabu' jedhuu
keesaa kan jiraan ilaaluuf __Daqiiqaa - 20 minutes

Warra armaan olii kan keessaa adeemsa isaa barbaaddaan filadha. Haata'uu malee qajeelfamni isiin hordoofu qabdaan lamaatu jira. 1ffaan ' **kadhachuu** ' osoo qu'annaa keessaan in jalqabiin kadhachaa. Tokko tokkoon qu'anna Macaafa qulqulluu keessaan keessaatti luqqiisiin kutaa sana maal akka jedhuu hubachuu akka dandeessaaniif akka isiin gargaaruuf kadhannadhaan waaqayyoon gafadhaa. Sanaan booda qu'anna sana erga xumurtaaniin booda, isaa barattan hojiirra olchuu akkamitti akka isiin dandeessaan akka isiin gargaaruuf kadhannan waaqayyoon gafadhaa. Humna ittiin hojiirra oolchuu isiin dandeessisuu akka isiniif kennuuf waaqayyoon gafadha.

2ffaan ammoo gaaffiiwwaan hundumaa **tokko tokkoon ilaala**. Luqqiisi macaafa qulqulluu osoo in ilaalin dura deebii isaa argachuuf **yaaluun(tilmamuun)** keessaan baayyee gaarii ta'aa.

Yaadannoowwaan

Qu'aanna kana keessaatti kutaawwaann luqqiisi(caqafamni)macaafa qulqulluu keessaatti eeramaan hundinuu kan fudhatamaan hiika macaafa qulqulluu New international Version Uk kan jedhamuu irraati. Haata'uu malee isiinis sirriitti kitaabichaa erga itti bartaani macaafichaa itti fayyadamuu dandeessuu.

Kutaawwaan macaafa qulqulluu kun kan ilaalamaan bifa kanaanidha. Fakkeenyaaf Yohan. 3:-16 kana jechuun 3 boqonnaadha, 16 ammoo lakkoofsaadha. Lakkoofsa 16itti fufee wanti ' A' jedhuu yoo jiraate, kutaa luqqiisi isaa jalqabaa yoo ta'uu ' B' kan jedhuu yoo jiraate ammoo kutaa luqqisii isa lammaaffa kan argisiisuu jechuudhaa. Akkas jechuun itti fufaa.

Kutaa Tokkoo amantii kiristanummaa

Qu'anna 1 – 8

Waaqayyoo Abba

1

Namoonni wa'ee waaqayyoofi inni maal akka fakkatu yaada keessummaa(aadda) ta'ee qabu. Inni maal akka fakkatu dhugumaatti beekudhaaf macaafa qulqulluu ilaalu qabna. Sababni isaas waaqayyoon karaa macaafa qulqulluutiin nutti of mul'iseera!

Waaqayyo Eenyudhaa?

Qolosa 1:3

Waaqayyoo jirachuu isaaf raga maaltu jira?

Faarfa 19:1

Faarfa 139:13-14

Yohan 20:30-31

Ibro 1:1-3

1 • Waaqayyo Abba

Waaqayyo maal fakkataa?
Isay 6:3
Faarfa 90:2, 4
Faarfa 139:7-10
Yohan 14:7-9
Yaqa 1:17
1 Yohan 4:8

Waaqayyo akka nuun jaallatu akkamitti beekna?

Roma 5:8

1 Yohanes 4:9-10



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Waaqayyo in jiruu jedhaani yaaduun gowwummadha.**
Gowwoonni garaa isaaniitti," waaqayyo hin jiruu jedhu,
Faarf 14:1a
- **Waaqayyo nuun nu jaallata. Akkasumaas ammoo jaalalaa isaaf deebii akka laannu fedhii qaba.**
Ijoollee waaqayyo jedhamnee akka wamamnuuf, abbaan jaalalaa guddaa attamii akka nu argisiise mee ilaalaa!
1 Yohan 3:1a



Dhimmoota itti yaadamuu qabaan

- Waaqayyo dhugumaan jiraachuu isaa ilaalchisee, hiriya(michuu)keessaaniif bifaa amansiisa ta'een akkamitti mirkaneessuu dandeessu?
- Waaqayyo maal fakkata? " gaaffiin jedhuu yoo isiniif dhiyaate jalqabarratti amalli waaqayyoo isiin ittin ibsitaan maalidha?

Yaadannowwaan

Yesus Kiristos ilma waaqayyo

2

Yesuus kan jraachuu jalqabee yommuu namoonni baayyeen isaatti amanaan erga Betliheemitti dhalatee booda miti. Inni baruma baraan in jiraata ture.

Yesuus gara biyyaa lafaa dhufa kan jiruu wa'ee jireenyaa isa kanaaf wanti beeknu maaltu jira?

Yohan 1:1-3 (kutaa kan keessaatti " Sagalichaa " kan jedhuu yesuus jechuudha.

Kolose 1:15-17

Maalif yesuus jedhamee kan wamameef?

Mate 1:21

Yesuus Uumama namuummaa isaa dhugaa kan qabuu ta'uu isaa maalin beekna?

Luqas 2:7, 40

Luqas 4:2

2 • Yesuus ilma waaqayyooti

Yesuus Uumama namuummaa isaa dhugaa kan qabuu ta'uu isaa maalin beekna?

Mate 8:23-24

Yohan 19:32-33

Yesuus waaqayyoo isa dhugaa ta'uu isaa akkamitti beekna?

Yohan 1:1

Mar 2:5-12

Mar 4:37-41

Yohan 11:25, 43-44

Yesuus Uumama namuummaa isaa dhugaa kan qabuu ta'uu isaa maalin beekna?

Yohan 14:8-9

Yesuus maaliif qoramee? Cubbuu hojjeeteraamoo?

Ibro 4:15



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Yesuus waaqaadha.(ilmawaaqaayyooti) fi bara duriiti jalqabee kan jiraatu ture. Gara fuuldraattis bara baraan in jiraata.**

Sagalichi jalqaba waan hundumaa ture, sagalichi waaqayyoo bira ture, sagalichi ofii isaa waaqayyoo ture.

Yohan 1:1

- **Yesuus nama ta'ee biyyaa lafa kanarra waan jiraateef qormataakeenyaafi rakkinoota nuun muudachuu danda'aan hunda ni hubaata.**

Cubbuutu irraa dhabame malee, angafa lubootaa isa karaa hundumaan akka keenyaa qorame qabna, isa dadhabbiin keenyaa garaa isaa in rukunne garuu in qabnu.

Ibro 4:15



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Yesuus barsiisa gaariin ol-ta'uu isaa ilaalchisee hiriyootekeef bifaa amansiisa ta'een akkamitti himuu dandeessaa?
- Yesuus maal fakkata jedhamtaani yoo gafatamtaan deebiinkeessaan maal ta'uu danda'aa?

Yaadannoowwaan

Afuura Qulqulluu

3

Akka namoonni baayyeen yaadanitti otoo in taane Afuurri qulqulluun humna otoo in ta'iin, waaqayyoo abbaafi waaqayyoo ilma (Yesuus kiristoos) waajjiin qaama siillasee isaa sadaffadhaa. Akkasumaas afuurri qulqulluun macaafa qulqulluu keessaatti Afuura yesuus, (kan ilma waaqayyo) Afuura Waaqayyoti.

Afuurri qulqulluun namumma (Personality) akka qabu kan beeknu akkamittidha?

Rome 8:26-27

Efeso 4:30

Fakkiiwwaan Afuura qulqulluu ibsaan tokko tokko maalifadhaa?

Yohan 7:37-39; HoE 2:2-3

Waaqayyo Afuura isaa kan kennuuf Eenyuufi?

Rome 8:9

3 • Afuura Qulqulluu

Ga'een Afuura qulqulluu isaan muraasni maal fadhaa?

Yohan 16:7-9 (Kan namaaf dubbatu yookiin ibsituuwwaan biroon akka ibsameetti, gargaara, jajjabeessaa, ykn gorsaa, jechoonni jedhaan afuura qulqulluu kan ibsaaniidha.

Yohan 14:25-26

Rome 8:26

Akeekni (galma ga'iinsi) Afuura qulqulluu maalidhaa?

Yohan 16:14

Afuurri qulqulluun nuun akka kiristaanootatti kan nu gargaaru akkamittiidha?

HoE 1:8

Gala 5:22-25

Afuurri qulqulluun nuun akka kiristaanootatti kan nu gargaaru akkamittiidha? (kan itti fufeedha)

1 Qoro 2:10-15

Waaqayyoon bira Ayyaana karaa Afuura qulqulluutiin arganna

- Kennaan maali?

1 Qoro 12:8-10

- Bu'aa Eenyuutifi kennaawwaan kunn kan kennamaan?

1 Qoro 12:7, 11

Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Afuurri qulqulluun Eenyummaa namumma (personality) qaba. Akkasumaas qaama siillasee isa sadaffaadha.**

Egaa dhaqaa maqaa abbaatiifi ilmaatti kan afuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan saba gundumaa bartootakoo godhaa! Matius 28:19

- **Afuurri qulqulluun Amantoota hundumaaf kennameera. Kananimoo kan waaqayyo ta'uun isaani ni beekamaa.**

Isinii wajjin jabeessee kan nu dhaabe, hojj kanaafis kan nu dibe waaqayyoodha.

2 Qoro 1:21b-22





Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Waaqayyoon kenna akkami isiniif kennee isiniitti fakkata? Kennaa keessaanis bu'aa waldaaf itti faayyadama jirtuu?(kennaa keessaan addaan baafachuu akka dandeessaaniif kiristaanoota yookiin geggeessitoota waldaa dubbisaa).
- Jireenyaa keessaan keessaatti hanga ammatti mallattoon jiraachuu ija afuuraa isiin keessaatti mul'achuu in dandeenyee maal'atu jira? (Gala. 5:22-23)

Yaadannoowwaan

Uumama

4

Jiraachuu waaqayyo nama mamuu wajjiin marii taasisftuu keessaatti yeroo baayyee wa'een dhimmaa uumama ni ka'a. Qu'anna kana keessaatti wa'ee uumama ilaalchisee falmii jiruu hundumaaf deebii kennuun in danda'aamu. Haata'u malee macaafni qulqulluun wa'ee uumama waan inni jedhuu ni ilaalla.

Uumama keessaatti hirmatee kan turee Eenyuudhaa?

Uma 1:1; Isaya 45:12

Yohan 1:1-3; Qolo 1:16-17

Uma 1:2b; Faarfā 104:30

Maal uume ture? (what was created?)

Uma 1:1-2:3 Watoota ja'aan waaqayyoo uumee sana tarreessa.

Waaqayyoo biyyaa lafaa (Addunyaa kana kan uume akkamitti)?

Uma 1:3 (akkasumaas lakk. 6, 9, 11fi kanneen biraas)

4 • Uumama

Waaqayyo addunyaa(biyyaa lafa)maaliif uume?

Faarfa 19:1

Waaqayyoo wa'ee uumama uume hundumaa maal yaada turee?

Uma 1:31

Waaqayyoo namoota maalif uumee?

Isaya 43:7

Nuti maalifidha adda kan taane?

Uma 1:27

Itti gafatamummaan waaqayyo dhala namaatiif kenne maal ture?

Uma 1:26

Uma 2:15



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Waaqayyoon biyyaa lafa(addunyaa) kana yommuu uumu gaariidha jedhe dubbate, guutu(hanqina kan in qabnees turte).**

Waaqayyo waanuma hojjete hundumaa in ilaale; kunoo,innis baayyee gaarii ture; galgallis ta'e, ganamnis ta'e; kun guyyaa ja'aaffaadha.

Uma 1:31

- **Nuti akka fakkatti bifa waaqayyootiin uumamne.**

Egaa waaqayyo akka bifaa isaatti nama uume,akka bifa waaqayyootti isa uume; dhiiraafi dubatii isaan uume.

Uma 1:27



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Akka bifa waaqayyootti uumamu keessaan beekun isiniif hiiko maali qaba?
- Uumama waaqayyo akkamitti kunuunsinaa?

Yaadannoowwaan

Qu'anna keenyaa darbee keessaatti Addunyaan waaqayyoon uume guutu(kan mudaa in qabnee)akka taate ilaalleera. Qu'annaa kana keessaatti ammoo wa'ee cubbuu baranna. Akkamitti gara biyyaa lafa akka galee, dhibbaa inni biyyaa lafarratti gessisee, akkasumaas akkatti waaqayyoon cubbuu ilaalu waliin ilaalla.

Amma biyyi lafaa haala akkami keessaatti argamti?

Lalaba 1:14-15; Yohan 7:7

Rome 8:19-22

Macaafni qulqulluun cubbuu akkamitti ibsaa?

Isaya 53:6

Faarfa 106:43

Cubbuun gara biyyaa lafa kana kan galee yoomidha?

Uma 2:16-17; 3:1-7

5 • Cubbuu

Cubbuun maal hordoofsiisa? Eessaa dhufahoo?

Mar 7:14-23

Waaqayyoo wa'ee cubbuutiif maaltu itti dhaga'amaa?

Uma 6:5-6

Rome 1:18

Sagalee dubbii waaqayyoo keessaatti har'a badiin cubbuun fidee maali?

Rome 3:9-12, 23

Cubbuun keenyaa maal nutti fidee?

Rome 6:23

Abdiin keenyaa inni tokkichi kophaan sun maalidha?

Rome 7:21-25

**Dhugaawwaan furtuu ta'aan**

- **Cubbuun waaqayyoorraatti finciluudha. Kan gara biyyaa lafa kana dhufees namoota warra jalqaba sanaanidha. Addamiifi Ewwaan ittumaa yaadaan waaqayyoof ajajamuu didaani.**

Dubartittiinis ija mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu,ogeessaa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uu isaa argitee, ija isaa irraa kutattee in nyaattee; abba mana ishee isa ishee wajjiin tureefis immoo in laatte, innis in nyaate.

Uma 3:6

- **Namni biyyaa lafa kanarra jiraate hundinuu waaqayyoorraatti cubbuu hojjeetera.**

Hundinuu yakkaniiru, ulfinni waaqayyoos isaanitti hir'ateera.

Rome 3:23



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Akkumaa macaafni qulqulluun bifa sirriin barsiisutti wa'ee cubbuu hiriyoota keessaanitti akkamitti dubbattuu?
- Hiriyoonna keessaan wa'ee cubbuutiif kan yaadaan maalidhaa ?isaan ofumaa isaaniiti cubbuu hojjechuu isaanii ni yaaduu?

Yaadannoowwaan

Furmaata Waaqayyoo: 1 Fannoo isa

6

Qu'anna xumura torbaan darbee irraatti waaqayyoo wa'ee cubbuu maal akka yaaduufi cubbuunis maal akka namatti fiduu barachuunkeenya ni yaadatama. Qu'anna keenyaa isaa kana'an ammoo waaqayyoo nu adabuun caalaa kaaroorra inni nu fayyisuuf qabu ilaalla.

Waaqayyoon wa'ee addunyaa ishee kan isa taate maal yaadaa?

Yohan 3:16

Waaqayyoo ilmaa isaa yesuusin gara biyyaa lafaatti kan ergeef maalifi? engara Tuhan menghantar Anak-Nya, Yesus, ke dunia?

Mar 10:45; Rome 5:8; 1 Timo 1:15

Sababaa du'aati yesuusiin

Amantoonni maalirraa faayyani ?
Rome 5:9

Amantoonni bu'aa maal buufatanii ?
Yohan 3:16-17

6 • Furmaata Waaqayyoo: 1 Fannoo isa

Wá'ee namootaa yesuusiin amanaani macaafni qulqulluun maal jedhaa?

Yohan 3:18; 2 Tasalon 1:5-10

Du'uun yesuus akkamitti nu fayyisaa?

1 Phexir 2:24

Yesuus adeemsaa adabbii keenyaa nurra kanfalu keessaatt maaltu uumamee?

Mate 27:46

2 Qoro 5:21

Gala 3:13

Yesuus kan du'aan in mmo'amneef maalifi ture?

HoE 2:24

Phaawuloos yesuusiin kan ibse akkamittidhaa?

1 Timo 2:5-6

Dhugaawwaan furtuu ta'aan



- **Yesuus karaa gara abbaatti nama gessuu isa tokkicha sanadha**

Yesuus deebisee, karichi, dhugaan, jireenyis ana; anaan yoo ta'e malee eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu
Yohan 14:6

- **Ilmaa waaqayyootti namoonni amanaan hundinuu jireenyaa bara baraa qabu. Kan in amannee garuu itti murteeffama**

Waaqa, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyyaa lafaa jaalate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenyaa bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti! Yoha 3:-16
Ilma isaa kanatti kan amanu itti hin faradamu, isaatti kan hin amanne garuu, maqaa tokkicha ilma waaqayyootti waan hin amaniniif, ammuma iyyuu itti faradameera. Yoha 3:-18



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Hiriyoota keessaan yeroo hundumaa isiniif amanamoo turaanii fi warreen kaan deggaruuf waan cimoo turaaniif isiin ammoo waan isaaniin jechuu qbdan maalidha?
- Yakkamtoota yakka baayyee hama hojjeetan malee waaqayyoon eenyuun iyyuu jireenyaa bara baraa keessaa in adabuu jedhaani hiriyootaa keessaan mormaaniif deebii akkami kennituufi?

Yaadannoowwaan

Furmaata Waaqayyoo:

2 Du'aa ka'uufi olbahuu

7

Waaqayyoo abbaan kiristoosiin warra du'aan keessaa isa kaase. Kanaafu kiristaanoota amanaaniif inni barsiisa du'ee hafee osoo in taane du'aa kan ka'ee fayyisaafi goftaadhaa.

Du'aa ka'uun yesuus maaliif baayyee barbaachiisa ta'ee?

1 Qoro 15:14, 17-19

Yesuus du'aa ka'uu isaaf ragaa maaltu jira?

Luqa 24:1-7

Luqa 24:36-43

Yohan 20:19-20

1 Qoro 15:5-8

7 • Furmaata Waaqayyoo: 2 Du'aa ka'uufi olbahuu

Gama du'aa ka'uun wanti raawwaatamee maalidha?

1 Qoro 15:54-56

Rome 8:11

Du'aa ka'uun isa wa'ee waaqayyoo maal nu barsiisa?

Efes 1:19-20

Yesuus gara samiitti kan olbahee akkamitti?

HoE 1:9-11

Amma yesuus eessaa jira? aangoo maali qaba?

Efes 1:20-22; 1 Phexir 3:22

7 • Furmaata Waaqayyoo: 2 Du’aa ka’uufi olbahuu

Amma yesuus hordooftoota isaatiif maal gochaati jira?

Ibro 7:25b

Du’aa ka’uufi olbahuu yesuus irraa kan ka’ee kiristaanoonni abdi maali godhachuu danda’uu?

Yohan 14:2-3

Dhugaawwaan furtuu ta’aan



- **Du’aa ka’uun nu’iif barumsa faayida qabeessaadha. Yesuus otoo du’aa ka’uudha baate hanga ammatti iyyuu wa’ee cubbuukeenyaaf nutti murteefameera.**

Kristos du’aa hin kaafame erga ta’ee, amantiin keessaan immoo wa’ee hin baasu, cubbuun keessaan ammuma iyyuu isin irra jira. 1Qoro.15:-17 Amma garuu kirstos warra du’aan keessaa kaafameera, warra obbaafatan keessaas isatu jalqaba ka’e. 1 Qoro 15:17, 20a

- **Amma yesuus bantii waaqa (Samiirra) ta’ee waaqayyoo abbaa wajjiin biyyaa lafaa bulchaa jira. Akka lubaattis ni tajaajila, tajaajila isa kanaan ammoo nuun bakka bu’ee wa’ee keenyaa waaqayyo wajjiin dubbata, nuuf kadhata.**

Inni kun garuu bara baraan waan jiraatuuf , lubummaa isaa hojii dhaabataa godhee qabeera. kana irraa kan ka’ees ,inni yeroo hundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf , warra karaa isaa gara waaqayyootti dhi’aatan hamma dhumaatti fayyisuu in danda’a. Ibro 7:24-25



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Yesuus qabatamaan akka inni du'aa ka'uu isaa ilaalchisee hiriyoota keessaan bifa kamiin amansiisu dandeessuu ?
- Luqqisiiwwaan qu'annaa kan keessaa jiraan keessaa baayyee jajjabina guddaa kan itti argattaaniifi cimina kan isiniif kennee isa kaamidha ? maalifi ?
- Qu'anna kana keessaa kan barattaaniifi wanti isiin aja'ibsiise jira ta'iinna lataa ?

Yaadannoowwaan

Furmaatawwaan waaqayyootiif deebii nuti kennuu qabnu

Saayinsiin wal'aansa fi guddinni teeknooloojiin haaraa umurii nama dheeressuufi qulqullina jireenyaa mirkaneessuun akka danda'amuun calaqisiisuu(ifoomsu). haata'uu malee akka dhala namatti rakkina isaa guddaaf jechuun cubbuuf deebiin homtuun argamnee.

Rakkoowwaan cubbuun nurratti fiduu jala mataa keenyaa oolfachuu kan in dandeenyee maalifii?

Rome 3:20

Efes 2:1-2

Yoo of fayyisuu dadhabne akkamitti fayyina?

Efes 2:8-9

Egaa ofii keenyaa fayyisuu(oolchuu) kan in dandeenyee erga ta'ee akkamitti fayuu dandeenyaare?

Mar 1:15b

8 • Furmaatawwaan waaqayyootiif deebii nuti kennuu qabnu

Amantiin ... maalif inni kun baayyee barbaachiisa ta'ee?

Ibro 11:6

Amnantii ... yesuus akkamitti nuu gargaaruuf waada nuuf galee?

Yohan 6:39-40

Yohan 10:27-28

Ibro 7:24-25

Qalbii jijjiirannaan ... maal maalfa dabalataa?

Hisqe 18:30-31a; HoE 26:20

8 • Furmaatawwaan waaqayyootiif deebii nuti kennuu qabnu

Qalbii jijjiirannaan ... maal maalfa dabalataa?

Luqa 13:3, 5

Yesuus hordoofuuf yommuu filannuu dandii jireenyaa keenyaa kan jijjiirruu akkamitti?

Rome 6:15, 18



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Fayyinni waaqayyoorra kan kennamuu kennaa tolaati. Fayyinaa argachuuf wanti gochuu qabnu yookiin waanti raawwannu tokko iyyuu in jiru.**

Isin ayyaana waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtaan; inni immoo kennaa waaqayyooti malee, gochaa ofii keessanii miti;. hojiidhaanis miti,namni tokko illee akka ittiin of hin jaajnetti.

Efes 2:8, 9

- **Qalbii jijjiiranna(yaada garaa geddaranna) malee dhiifamni homtuu in jiruu.**

" Phexiroos immoo. << Yaada garaa keessaanii geddaradhaa; cubbuun keessaan akka isiniif dhiifamuuf ,tokko tokkon keessaan maqaa yesuus kiristoositti cuuphamaa; kennaa afuura qulqulluusini ni fudhattu

HoE 2:38



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Bu'uurumaa Kanaan namoota gaarii ta'uu isaaniin waaqayyoo akka waan isaan simaatutti of yaadaa jiraan hiriyoota keessaaniif deebiin isiin kennitaan maalidhaa?
- Kan fayyinee ayyaanaaniidhaa. Ayyaanaa akkamitti ibsuu dandeessuu?

Yaadannoowwaan

**Macaafa
qulqulluu
beekuun**

**Waaqayyoon
beekuudha**

Macaafa qulqulluu beekun, waaqayyoon beekudha

Gama tokkoon macaafa qulqulluu qu'aachuufi akka ta'uutti beeku, gama biraan ammo kaayyoo macaafni qulqulluun itti barreeffameef irraa dogoggoruun ni danda'ama. kaayyoon ijoo macaafa qulqulluu walitti dhufeenya sirrii nuti waaqayyoo waajjiin qabachuu qabnu nu agarsiisudha.

Itti aane yesuus kiristoosiin amanuudhaan akkamitti waaqayyoon jireenyaa dhuunfa keenyaan beekuun akka danda'amuuf ibsi dhiyaateera. Ibsi kunis ofumaa isaaniitin waaqayyoon beekuuf namoota yaalarra jiraaniif baayyee kan gargaaruudha.

Kiristaanoota yoo ta'uu baattan jechuunis ijoollee waaqayyoo yoo ta'uu baattaan yookiin kana jechuun maal jechuu akka ta'eef kan mirkaneeffaattan yoo ta'uu baattan gara isaa dhugaa ibsuu kutaa lammaffaatti osoo in darbiin dura warra itti aanaan kana yaadannoowwaaan keessaan kana dubbisa.

Amma dura Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya sirrii kan hin qabne maaliifi?

Waaqayyoo biyyaa lafa yommuu uumu, nuun ammoo kan hojjeete akka bifa ofii isaa godheetidha. Kaayyoon ijoo kana ammo isaa waajjiin walitti dhufeenyaa akka uumnuufi ulfinaa isaaf akka jiraannuu nu taasiseeti. Ta'us walitti dhufeenyii waaqayyoo kaarorse kun sababa Addaamiifi Eewwaaniin jeennata edeen keessaatti waaqayyoof abboomamuu didaaniif cubbuu mul'atee bade. Nutis uumama cubbuu kana ni dhallee.

Macaafa qulqulluu:

Hundinuu yaakkaniiru ulfinni waaqayyoos isaanitti hir'ateera

Rome 3:23

Waaqayyoo guutummaatti qulqulluufi qajeeladha. Cubbuuf gonkumaa in obsuu. Kku ammo namniifi waaqayyoo akka wal in arginee ykn walittin dhufnee keenyaa (gamoo) gidduu dhaabateedha.

Macaafa qulqulluu:

Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du'a;...

Rome 6:23a

Waaqayyoon cubbuu kan jibbuu erga ta'ee inni waaqayyoo kan jaalala miti jechuudhamoo? Waaqayyoon qajeelaa waan ta'eef cubbuu akkasumaatti qoosatti kan obsuu miti. Cubbuukeenyaa adabuu qaba.

Ta'uus inni waaqa jaalalaafi araarati. Jaalalli waaqayyoo amma malee baayyeedha. Sababa kanafidhaa fedhiin isaa nu adabuu caala walitti dhufeenyaa nu waajjin qabu kan haareessuuf. Isaa kanaas milkeessuu kan danda'ee, ilmaa isaa yesuusiin gara biyyaa lafatti erguuni, jechuunis akka namatti biyyaa lafarra akka jiraatufi bakkakeenyaa ammoo akka inni du'u isaa godhe.

Macaafa qulqulluu:

<< Waaqayyo garuu utuma nuyi cubbamoota taane jirruu, kiristoos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa.

Rome 5:8

Kana jechuun waaqayyoo nun adabuu jechuudha?

Kana jechuun dhiifama waaqayyoo fudhachuuf hanga fedhii qabanneetti adabbi waaqayyo in fudhannu jechuudha. Yesuus kiristoos gatii adabbii cubbuukeenyaa nurraa baasuu isaa yoo amannee, waaqayyoon akka nuuf dhiisu gafachuu ni dandeenyaa.

Dhiifama cubbuu fudhachuu keenyaa macaafni qulqulluun << Lammaffa dhalachuu >> jedhee wamaa. Akka hordofa yesuusitti jireenyaa haara jalqabuu jechuudha.

Yesuus in yoo fudhachuu dhiisuuf murteessinee maltu raawwaatama?

Kaaroora fayyisuu waaqayyoo << yoo fudhachuu dinnee >> adabbi ofii keenyaarratti akka raawwanneedha. Kunis ammo kan ta'uu yesuus gara biyya lafaa kanatti yommu deebi'ee dhufuudha. Sababni isaa inni kan deebi'uuf wamiicha araara waaqayyoo warraa in fudhannee irraatti murteessuuf jechuunis adabuufidha jechuufi.

Adabni kunis waaqayyoorra bara baraan kan addaan ba'aan adabbi suukanneessadha.

Macaafa qulqulluu:

Ilma isaa kanatti kan amanu, itti hin faradamu, isatti kan hin amannee garuu, maqaa tokkicha ilma waaqayyootti waan hin amanneef ammuma iyyuu itti faradameera.

Yohan 3:18

Kiristaana ta'uuf maal gochuu qabna?

Hordooftoota kiristoos ta'uufi cubbuun keessaan guutummaatti akka isiniif dhiifamuuf wantoota itti aanu kana raawwaachuu qabdu?

- Seera kiristoos kan in raawwanneefi in kabajnee yoo taatan kanaaf ammoo adabamuun akka isiin barbaachisuu fudhaachu qabdu .
- Yesuus qofti adabaa waaqayyoo jalaa isiin baasu akka danda'uu amanu qabdu.
- Jireenyaa keessaaniin dogoggoora raawwataan himachuu, wa'ee isaatiif gabbuu jechuun kallatti durarraa adeemsaakeessaan jijjiru(irraa deebi'u) qabdu.
- Akka hordooftoota yesuusitti waaqayyoon gammachisa jiraachuuf murteessuu qabdu.

Tarkaanfiiwwaan kana fudhachuudhaaf qopha'oota yootaatan kadhanna itti aanu kana gochuun isaa kana raawwaachuu dandeessu.

Jaalatamaa waaqayyo abbaa.

Jireenyaakoo keessaattiin kanaan fuunduraa waan ta'eefi ammas waan ta'aa jiruuf waan sirri hin taane hundumaaf gaddeera(gabbeera).

Amma wa'ee cubbuukoo naan himadha(yaadakoo naan jijjiirradha).

Yesuus bakkakoo akka inni du'uufi ,adabaan ani adabamuu qabuu bakkakoo adabamuun adaba jala akkan miliquuf waan naaf ergiteef sin galateeffadha.

Yesuusiin gammachisee jiraachuufi isaa immoo gidduugaleessaa jireenyaakoo taasifachuuf, isaa mootiikoo taasifachuu naan barbaada.

Maloo cubbuukoo hundumaa naaf dhiisiti akka mucaakeetti na simadhuu. maloo jireenyaa haaraan jiraachuu akkan danda'uuf afuura qulqulluun na guuti. Ameen.

Kadhanna keessaan kana dhugumaan yoo taasiisa turtaan ta'ee waaqayyoo akka mucaa isaatti isiin simateera. cubbuukeessaan isa dura, isaa ammaafi kan gara fuundura hundumaa irraa dhiifama argattanittuu.

Kanaan boodahoo? Amma immoo akka kiristaanatti guddaachuu qabdu. Kunis dhugoomuu kan danda'uu iddootti barumsii macaafa qulqulluu itti kennamuutti kiristaanoota wajjiin dhaabbataan yoo argamtaani hirmattanidha. Kanaafuu tarkaanfiin keessaan inni jalqaba ,isiniin gama kanaan waldaa kiristaanaa yookiin kiristaanoota isiin gargaaruu danda'aaan waajjiin walitti dhufeenyaa gaarii uumudha.

Kutaa Lamaa Jireenyaa Kiristaanummaa

Qu'anna 9 – 16

Kistaanummaa isa sirrii

9

Qu'annaa keenyaa isaa darbeen amantii keenyaa yesuusirraa yoo taasifanneefi cubbuu keenyaatti yaadaa garaa keenyaa yoo jijjiirrannee akka fayyinu (Kirstaanaa akka tanuu) waliin ilaalleera. Qu'annaa keenyaa isaa amma kanaan ammoo dhugumaan fayyuu keenyaa akkamitti akka mirkaneeffannee waliin ilaalla.

Macaafni Qulqulluun maalif barreeffamee?

1 Yohan 5:13

Yesuus wanti inni waada nuuf galee maalidha?

Yohan 1:12

Yohan 6:47

Yohan 10:27-28

Mul'a 3:20

9 • Kiristaanummaa isa sirrii

Dhugumaatti ijoollee waaqayyoo ta'uukeenyaaf akkamitti mirkaneeffaachuu (qabatamaa) dandeenyaa?

Rome 8:16

Yesuus yeroo hundumaa nu waajjiin jiraachuu isaa akkamitti mirkaneeffachuu (qabatama) ta'uu dandeenyaa?

Mate 28:20b

Akka kiristaanootatti jiraachuuf itti fufuukeenyaaf qabatamaatti kan mirkaneeffannee ta'uun keenyaa akkamitti?

Yudas 1:24

Jaalalaa kiristoos irraa maaltu addaan nu baasu danda'aa?

Rome 8:31-39

Akka kiristaanootatti cubbuu yoo raawwaannuu maal gochuu qabna? Waaqayyoos kan yoo gonuu maal waada nuuf galee?

1 Yohan 1:9



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Yesuus waan waaqayyoon kennee hundumaa fudhateera.**

Abbaakoo anaaf kan kennu hundinuu garakoo in dhufa, isa garakoo dhufuus ani of irraa hin ari'u.

Yohan 6:37

- **Cubbuu yoo hojjeenne fayyinaakeenyaa in dhaabnu. Haata'u malee cubbuukeenyaa waaqayyoon duraatti himannee yaada garaa keenyaa geddarachuu qabna. Cubbuun nuti in himanneefi yaada garakeenyaa itti in geddarannee ,nu'iifi waaqayyoon gidduutti akka dumeessaatti nu golga.**

Cubbuukeenyaa yoo isatti himanne,inni amanamaafi qajeela waan ta'eef, cubbuukeenyaa nuuf in dhiisa, jal'ina keenyaa hundumaattis nu qulleessaa.

1 Yohan 1:9



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Ijoollee waaqayyoo ta'uukeessaan shakkitani beektu? akkas yoo ta'ee ammoo wa'ee shakkii keessaani kana ilaalchisee maal gootani?
- Waaqayyoo isiniif yesuus kiristoos kennuu isaaf waaqayyoon guyyaa hundumaa galateeffattuu? (kan armaan olii Yohan 6:-37 ilaala). Isaa kana ammoo guyyumaa hundaa jabeeffachuu kan qabnu shakkalli gaariidhaa.

Yaadannoowwaan

Jireenyi kiristaanummaa gatii inni nama gafatu

Akkumaa jalqabarraatti ilaallee faayyinni(jireenyi bara baraa) kenna tola (bilisati). Fayyina (jireenya bara baraa) argachuuf al-dureen nuti taasifnuu wanti tokko in jiru. Haata'uu malee qu'annaan kun jireenyaa kiristaanummaan jiraachuuf gatii inni nama gafatu inni dhugaan akka jiruu nu barsiisa.

Kiristaanaa ta'uu jechuun maal jechuudhaa?

Rome 12:1-2

Mate 5:13-16

Kiristoosiin yommuu hordoofnuu wanti nuti dhabnuu maalinni?

Ibro 12:1

- Wantoonni tokko tokkoo ifaan ifaatti beekamaan maalifati?
Qolo 3:5-11

10 • Jireenyi kiristaanummaa gatii inni nama gafatu

Akka duuka buutoota kiristoositti wantoonni haa'raan nuti fudhaachu qabnuu maali?

Filiph 2:1-5

HoE 17:11

Qolo 4:2

Ibro 10:24-25

2 Qoro 8:1-7; 9:6-7

Of eeggachiifni yesuus duuka buutoota'aa'af kennee maal ture?

Yohan 16:33b

Kiristaanoonni durii mormii isaan keessummeessaan gosa akkami ture?

HoE 4:1-4, 18-22; HoE 5:17-18; HoE 8:1-3

Sababaa amantiikeenyaaf rakkinaa yoo fudhannee deebii maali deebisuu qabna?

1 Phexir 4:12-16



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Yesuusin hordofuun gatii nu baasisuu danda'aa. Murtii nuti salphaatti ilaalu qabnu miti.**

<< Namni garakoo dhufuu, abbaa isaatiifi haadha isaa, haadha mana isaatiifi ijoollee isaa, obboloota isaatiifi obboleettots isaa, ofiiisaas ana caalaatti kan jaallatu bartuukoo ta'uu hin danda'u. Fannoo isaa anaaf jedhee baatee na duukaa kan hin buune, bartuukoo ta'uu hin danda'u Luqa 14:26-27

- **Gatii qormatawwaan keenyaa addaan baafne beeku nurra jira. Amantiin keenyaa erga qoratameen booda ni cima.**

Yaa obboloota ko! Qoramsa garaa garaatiin ilaalamuun yommuu isinitti dhufu, gammachuu guutuutti fudhadhaa! Amantiin keessaan qoramee ilaalamuun isaa obsaan danda'uu akka fiduu in beektu. Yaaqo 1:2-3



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Akka hordoftoota kiristositti gatiin guddaan isiin baaftaan maalidha?
- Addunyaa amma keessaa jirru keessaatti kiristaanoonni akkamitti rakkinni isaaniirra akka ga'aa jiruufi kan har'atama jiraan akkamitti? wa'ee isaaniitiif cimsitaani yeroo hundumaa ni kadhattu?
- Yesuus wa'ee Cubbuukeenyaaf gatii inni baase ilaalchisee marii tasiisa. Filiph 2:6-8

Yaadannoowwaan

Macaafa qulqulluu

11

Kiristaanoonni guddinni isaanii akkumaa kiristoos ta'u qaba.

Guddinaa kanaaf nyaanni barbaachisaa ta'ee ammoo, macaafa qulqulluu jechuunis dubbii sagalee waaqayyooti. Waaqayyoo ergaa ofii isaatii barbaade karaa dubbii sagalee isaa ittiin dabarsuuf namoota garagaraa afuuraa qulqulluun akka geeggefamaan taasisuun macaafa qulqulluu akka barreessaan taasisera. Macaafni qulqulluun har'as nuyiif macaafa barbaachiisadha. Macaafa qulqulluu ammumaa qu'achuuf yeroo fudhannuu waaqayyooos nutti dubbachuuf yeroo hundumaa qopha'aadha.

Macaafni qulqulluun yesuusiif barbachiisa akka ture, kan beeknu akkamittidhaa?

Luqa 4:1-13

Macaafni qulqulluun kan nuuf kennamee maaliifi?

Yohan 20:31

2 Timo 3:15-17

Macaafni qulqulluun kan nuuf kennamee akkamitti?

2 Phexir 1:19-21

11 • Macaafa qulqulluu

Yeroo ergamaa phaawuloos turetti kiristaanoonni beeriyaa akkamitti ture macaafa qulqulluu kan qu'achaa kan turan?

HoE 17:11

- Bu'aa kaam waajjiin?
HoE 17:12

Dubbii sagalee waaqayyoorra wanti nuti eegnu qabnu maaliidha?

Faarfa 119:105

HoE 20:32

Dubbii sagalee waaqayyootiif deebiin nuti deebisuu qabnu akkamittidha?

Ermi 15:16

Dubbii sagalee waaqayyootiif deebiin nuti deebisuu qabnu akkamittidha? (kan darberra itti fufee)

Faarfa 119:11

Yaaqo 1:22-25



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Dubbiin sagalee waaqayyoo kuufama yaadota akka feete fi ilaalcha namootaa walitti qabamee miiti. waaqayyo ofumaa isaatii namoonni afuuraa qulqulluun geggeeffamaani, waan ofii isaati barbaaduufi akka nuti beeknu waan barbaaduu qofa bifa barreeffaaman akka nuuf dabarsaaniif gochuun macaafa barreeffameedha.**

Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa afuuraa waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimmi in baasa

2 Timo 3:16

- **Macaafni qulqulluun qajeelchaa jireenyaa kiristaana guyyaa guyyaatti. Akka qoosatti wanti nuti hirmaannu gatiin isaa garuu baayyee guddaa ulfatadhaa.**

Dubbiinkee miilakootiif ibsaadha, daandiikoo irraattis in ifa.seerakee isaa qajeela eeguudhaaf nan kacadhe, isattis nan jabaadha.

Faarfa 119:105-106



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Macaafa qulqulluu dhabbataan dubbisuuf dursaa kan kennitaaniif maaliidha? kun ammo ulfata ta'uu isaa ergaa isiniitti mul'atee sagantaawwaan keessaan guyyaa guyyaa keessaatti qu'qnnaa kanaaf iddoo kennuu akka dandeessaaniif maal gochuu qabduu?
- Waaqayyoon akka isiniitti dubbattuuf macaafa qulqulluu ni dubbiftuu? waaqayyoo karaa dubbii sagalee isaatiin ifaan ifaatti yeroon inni isiniitti dubbatee yaadattuu?

Yaadannoowwaan

Kadhannaa

12

Kadhannan Jireenyaa kiristaa keessaatti murteessaadha. waaqayyoo abbakeenyaa waajjiin yeroo marii dhabbataa ta'ee yoo qabachuudhaa bannee walitti dhufeenyaa cimaa ta'ee hundeeffachuu in dandeenyuu. Kun ammo isaa waajjiin haasa'uufi isa dhaggeeffaachuu nuuf dabala.

Yesuus biyyaa lafarra yommuu jiruu kadhannan barbaachisa akka turee maal in beekna?

Mate 14:23; Mar 1:35; Luqa 6:12

Kadhannaan maal maal of keessaatti qabata?

Faarfa 32:5

Filiph 4:6-7

Rome 15:30; Qolo 1:9; Efes 1:16-17

12 • Kadhannaa

Qajeelfamni kadhannaaf kennamee malidhaa?

Mate 6:6

Luqa 18:1-8

1 Tasalon 5:17

Ibro 4:16

Kadhanna Ergamaan Phaawulos kiristaanoota warreen kaaniif kadhate irraa maal barannaa?

Efes 1:17; Qolo 1:9-10; Filiph 1:9-11

Akkamitti Afuurri qulqulluun akka kadhannuuf kan nugargaaruu?

Rome 8:26

Waaqayyoon akka barbaachaa keenyaatti kadhannakeenyaa nuuf deebisuu kan in dandeenye akkamitti?

2 Qoro 12:7-9

Yaaqo 4:3



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Waaqayyo isaa wajjiin kophaakeenyaatti akka dabarsinuuf fedhii (barbaacha) isaa cimaadha.**

Ati garuu yeroodhuma kadhattuu manakeetti ol gali ,balbala cufadhu abbaakee isa iddoo dhoksaana sana jiruu kadhaddhu! Abbaankee inni dhoksaatti arguus gatii kee siif inkenna.

Mate 6:6

- **Yeroo nu barbaachiseetti ararrifi ayyaanni waaqayyo akka nuuf kennamaan mirkaneeffachuu qabna.**

Yeroo barbaachiseetti akka nu gargaaraniif araara isaa fudhachuudhaaf, ayyaana isaas argachuudhaaf, kottaa ija-jabinaan gara teessoo waaqayyo isa ayyaanaan guututti dhi'annaa

Ibro 4:16



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Qu'anna kanarra jireenyaa keessaan keessaatti wa'ee kadhanna waan isiin gargaaruu danda'uu maal baratani?
- Kiristaanoota warreen kaan waajjin tataani kadhachuu jalqabdani? isaa kana ammo hiriya keessaan waajjin waldaakeessaatti yookiin tokkoo, lama tataani ta'uu danda'a. yoo amma ammaatti in taane yoo ta'ee ammo ammumaa gochuufi itti yaaduu waan dandeessaanidhaa.

Yaadannoowwaan

Waldaa Kiristaanaa

13

<< Waldaa jechuun gamoo ijaaramee jechuukeenyaa otoo in taane, kiristoos yesuusirraatti amantii isaa kan taasifannee numaa ofiikeenyaa aba waaqayyooti. Jechii << waldaa >> jedhuu gumii, walitti qabamaa namoota jechuudhaa. Waldaan ishiin kan kiristaana kun kan ijaaramtee amantoota kiristaanootanidhaa. Addunyaa iddoo hundaatti facaate kan argamtuudha

Waldaan akkamitti ibsamtee?

1 Qoro 12:12, 27

Efes 2:19-20

Efes 5:25-27

1 Phexir 2:9-10

Mataan waldaa kiristaana Eenyuu?

Efes 5:23

13 • Waldaa kiristaanaa

Kaayyoon waldaa kiristaana maalidhaa?

HoE 1:8

HoE 2:42

1 Phexir 2:9

Kiristaanoonni tokkummaan kan walitti qabamuu qabaniif maaliifi (akka waldaa tokkoottiis yoo ta'ee)?

Luqa 4:16

1 Qoro 12:21-27

Ibro 10:24-25

Waaqayyoon tokkummaa nuuf hundeessuun isaa nuyi amantootaaf barbaachii ijoon isaa maalidha?

Gala 6:1-2

Efes 4:14-16



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Kiristaanoonni hundinuu kiristoos mataa kan ta'eef sanatti isaan ammo kutaawwaan qaamaa isaati.**

Isa jalatti bu'aan dhagnaa hundinuu walfudhatanii, buusaa adduma addaan argataniin walitti qabsiifamaniiruu, yeroo bu'aan dhagnaa adduma addaan tooraan hojjeettis, dhagnichi in guddata, jaalalaanis of in cimsa.

Efes 4:16

- **Kaayyoon waldaa kiristaanaa ergaa yesuus kiristoos biyyaa lafaa hundumaan ga'uudha. (hawaasa nuti keessaa jirru dabalate)**

Isin garuu, afuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; yerusaalemitti, yihudaa hundummaatti, samaariyaatti hamma andara lafattis dhugaa-baatuu koo hin taatu" isaaniin jedhe.

HoE 1:8



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Waldaan isiin keessaa jiraaattan sun kaayyoo ishii akka raawwattuuf gargaara jirtuu ?(isaa armaan ol jiruu ilaalə) akkamitti ?
- Kiristaanoota warreen kaan gama jaalalaafi gocha keessaaniin akkamitti dhibbaa isaanirraatti fiduufi jajjabeessuuf yaaltu ? .Ibro. 10: 24-25. Ilalaa.

Yaadannoowwaan

Waaqeffannaa fi tajaajilaa 14

Waaqayyoon kan waaqeffannuu jaalalaafi of kenniinsaa isaaf qabnuun, akkasumaas isaaf abboomamuuniidha. kunis deebii inni jaalalaafi ayyaanaa dhangalasee sanaaniidha. Karaa muuziqaatiini waaqaayyoof of kenniinsa qabnu ibsuu kan dandeenyuu yoo ta'ee iyyuu, waaqeffannaan garuu kanarra kan caaluudhaa.kunis adeemsaa guutummaa jireenyaa keenyaa ittiin waaqaayyoof kenninuudha. kun ammo gara abboomamuufi tajaajila fedhiikeenyaa kennuutti nu geessa.

Waaqeffannaan dhugaan maali?

Rome 12:1-2

Yesuus ilaalchaa akkamittin tajaajilaa ture?

Yohan 13:1-16

Nutuu ilaalchaa akkamittin waaqeffannaa keenyaa ibsachuu qabna?

Faarfa 100:4

Yohan 4:23-24

14 • Waaqeffannaa fi tajaajilaa

Ilaalchi nutii warreen kaanirraatti qabnu maal ta'uu qaba?

Yohan 13:34-35

Gala 6:10

Akkamitti waaqayyoon isaa hojiirra jiruu waaqeffachuufi tajaajiluu dandeenyaa?

Qolo 3:22-25

Titus 2:9-10

Dhugaa ba'uumsaan waaqayyoon kan tajaajiluu maalifidhaa?

Mate 28:19-20

2 Phexir 3:9

Akkamitti dhugaa ba'uu qabna?

Mate 5:13-16

Mar 5:19-20

1 Phexir 3:15



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Guutummaa qaama(ofii keenyaa) fedhi keenyaan waaqayyoof kenninee dhugaadhumaan isaa waaqeffachuu qabna.**

Ammas yaa Obbolootako araara waaqayyoof jedhaatii namummaan keessaan qullaa'aadhaafi waaqayyoo duraatti fudhatamaa akka ta'utti, aarsaa jiraatu gootanii akka isa dhi'eessitan isin naan gorsa; akkasittis afuuraan waaqayyoof in sagaddu.

Rome 12:1

- **Warreen kaan tajaajiluun gooftaankeenyaa yesuus fakkeenya keenyaa iisaa gudda hordoofu qabna.**

<< Isiin gidduutti garuu akkasi in ta'uu eenyu illee isiin keessaatti guddaa ta'uu kan barbaadu,hojjetaa keessaan ta'uutu isa irraa jira. Eenyu illee isin keessaa dura ta'uu kan barbaadu, hundumaaf garbicha ta'uutu isa irra jira. Ilmi nama hojjechiifachuudhaaf in dhufne,namootaaf hojjechuufi lubbuu isaa furii namoota baayyeetiif kennuuf dhufe malee >> jedhe.

Mar 10:43-45



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Gama waaqayyoon tajaajiluufi (waaqeffachuun) baayyee ulfata ta'ee waanti isiin argitaan maalidha? (Fakkeenyaaf manakeessaan keessaatti, iddoo hojikeessaanitti, mana barumsaa (Yuunvaarsiitti) yookiin ammo gama walitti dhufeenyaa hawaasafi hiriya keessaaniin malidhaa?
- Waaqayyoon yommuu tajaajiltaan miira itti gafatamummaa qabuun yookiin ammo gochaa waaqayyoon waaqessuu akka ta'ee itti yaadduunidhaa?
- Luqa 10:38-42. Mana maartaafi maariyaamitti waan ta'ee waan dubbatamee dubbisa. Himata(komii) maartaan obboleetti isheerraatti dhiyeessite akkamiitti ilaaltuu? Wa'ee deebi yesuus irraatti maal yaadduu?

Yaadannoowwaan

Seexanaa

15

Seexanaa ykn Diyaabiloos yeroo baayyee kan miilli isa jaallate, gaanfa kan qabu, kan eege qabuufi bifa fokkisaa wayi akka ta'eetti yaadama. Wanti kun ammo akka qoosati. Dhugaan isaa garuu seexaanni yeroo tokko humna qabeessaa guddaafi bifaan miidhagna kan qabu uumama isa waaqarra akka tureedha. Of tullummaanifi al-badhummaan kufaati isaarratti kan hordoofisiise diina waaqayyoo ta'ee lakka'amee hafe.

Seexaanni akkamitti ibsaama?

Yohan 8:44

2 Qoro 11:14-15

Mate 13:19

1 Phexir 5:8

Yesuus akkamitti seexanaa mo'ee?

Efes 2:1-5; Qolo 2:15; Ibro 2:14-15

Seexaanni kiristaanotaan akkamitti lolaani?

Mate 4:1

Seexaanni namoota gooftaa in amannee akkamitti lolaani?

2 Qoro 4:4

Kiristaanoonni akkamitti seexaanaaf deebi deebisuun isaanirra jira?

Yaaqo 4:7

1 Phexir 5:9

Efes 6:11

Meeshaan lola inni kan waaqayyoo maalidha?

Efes 6:13-18

Xumura biyyaa lafarraatti wanti seexaanaarraatti ta'uu maalidha?

Mate 25:41; Mul'a 20:10

**Dhugaawwaan furtuu ta'aan**

- **Nu'ii kiristaanootaaf seexaanni baayyee beekumsaa kan qabuufi diina keenyaa isa dammaqee waan ta'eef of eegannoo cimaan dhabbachuu qabna.**

Of qabaa, dammaqaas! Seexaanni hamajajjiin keessaan akka leenci yeroo beela'utti aadaa naanna'utti, nama liqimsuu barbaadee in naanna'a.

1 Phexir 5:8

- **Seexanaa ciminaan ofiirra ittisuu yoo dandeenyaa yoo ta'ee waaqayyoof ofiikeenyaa bituu ni dandeenyaa.**

Yoos harkaa waaqayyoo jala of galchaa; seexanaan immoo mormaa! Innis isin dhiisee in baqata.

Yaaqo 4:7



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- Haalota yeroo haleella(miidha) seexaana jala ittiin turtaan sana ni yaadattuu? Miidha yookiin haleellaa sana dandamaachuu dandeessaani turtaani?
- Ammas akkamitti ofii keessaan haleellaa isinitti dhufuu jala olchuudhaaf itti qophoftuu? Efes 6:13-18. Dubbiisa.

Yaadannoowwaan

Lammaffaa Deebi'ee dhufuu yesuus

16

Sababa du'a ka'uu isaatiin yesuus baroota darbeetti cubbuu, hammeenyaafi du'a mo'eera. Haata'u malee ulfinaan lammaffaa deebi'ee biyyaa lafatti hangaa dhufuutti aango guutummaa biyyaa lafaarratti kan mulatuufi in mul'anneerraatti mootii ta'uu in fudhatu. Haala kanarraa kan haareffame, kan furamee(olfamee)fi guutuma guututti uumama fayyee fudhate gara biyyaa lafaa kan dhufaa.

Guyyoota dhumaatti otoo dhufaati yesuus eeggannuu wantoonni nuti irraa of eeggannuu maalidha?

1 Yohan 2:18-26, 4:1-3

Gala 1:6-9

2 Timo 3:1-9

Yesuus deebi'ee akka inni dhufuu kan beeknu akkamitti?

Daniel 7:13-14

Yohan 14:2-3

16 • Lammata deebi'ee dhufuu yesuus

**Yesuus lammataa deebi'ee akka dhufuu maaliin akkamittidhaa?
(kan darbeerra kan itti fufamee)**

HoE 1:10-11

Wa'ee lammata deebi'ee dhufuu isaa wanti beeknu maalidha?

Mate 24:44

2 Phexir 3:10

Mul'a 1:7

Yesuus lammata deebi'ee yoo dhufuu maltuu raawwatamaa?

1 Tasalon 4:16-17

16 • Lammata deebi'ee dhufuu yesuus

Yesuus yoo deebi'ee dhufuu maltuu raawwaatama?

1 Yohan 3:2

Warra isaa in fudhanneera maaliif ga'aa?

Mate 25:31-46; 2 Tasalon 1:7-9

Bantiin waaqaa haaraafi laftii haaraan maal fakkatu?

Mul'a 21:1-4

Mul'a 22:1-5

Lammaaffaa deebi'ee dhufuun goftaa yesuus jireenyaakeenyaa guyyaa guyyaakeessaatti dhiibba hangami uuma?

Tito 2:11-14



Dhugaawwaan furtuu ta'aan

- **Gidiraafi hari'atamaa amma biyyaa lafa kana guutee addunyaa kanarratti kiristaanoonni yesuus deebi'ee dhufuu isaa abdiidhaan eeggachuun isaaniirra jira.**

Nuyi garuu nama biyyaa waaqa irraati, << Gooftaan keenyaa fayyisaan keenyaa yesuus kiristoos achi nuuf dhufa >> jennee eegganna.

Filiph 3:20

- **Lammataa deebi'ee dhufuu yesuusiifi qopha'uu qabna. Yeroodhumaa kaam iyyuu dhufuu danda'aa.**

Masiihonni sobaatiifi raajonni soba ka'anii yoo danda'ame warraa waaqayyoof fo'aman iyyuu akka wallaalchisaaniif milikkita gurguddaafi dinqii baay'ee in argisiisu.

Mate 24:44



Dhimmoota itti yaadamuu qaban

- **Lammaaffa deebi'ee dhufuu yesuus si'aayinaan eeggachaa jirtuu? yoota'eef maalifi? yoota'uu baates maalifi?**
- **Yesuus yeroo kam iyyuu akka inni dhufuu beekuun cinaatti, jireenyaa keessaan keessaatti wanti jijjiramuu qabu maalidha?**

Yaadannoowwaan

BeaconLight

biblical training to share



Toora inteerneti (email) kana kaffaltirraa bilisa,baayyee kan adda ta'eefi kan ibsaa qabu ta'ee, guyyaa hojii keessaani humna macaafa qulqulluun, ifaa isiniif gochuu kan danda'uudha.

Biyyoota 198 keessaatti namoota 30000n dubbifama.

Ammumaa toora inteeneti. wordatwork.org.uk kanarraatti galma'uu dandeessuu.



CrossCheck


Wangeela akkamitti ifaatti ibsuu fi namoota otoo in dhiphisiiniifi in dirqisiisin gara kiristoositti fiduuf kan dandeessisu kallatti fi barumsa walitti dhufeenyaa kennamuu kan guutamee, toora ittiin nama kiyyeessaan(maraaba) kan amantiiti.

Barunoota kana sararaa(Online) irraatti ilaaluun ni danda'aamaa.

Kanaan dabalatatti ammo barnoota kana bifaa DVD fi maxxansaan akka kitaaba xiqqootti(booklet) argachuu ni dandeessuu. Toora kana irraa ilaala

www.crosscheck.org.uk


buku-buku



Pengampunan: Membuat pengertian

Ini menerangkan kebebasan yang dapat kita alami apabila kita memaafkan orang lain - dan kebebasan dan kegembiraan yang lebih besar apabila kita mengetahui pengampunan Tuhan.


Saiz 175mm x 115mm, Mukasurat 72



Bolehkah saya memaafkan saya?

Satu tindak balas Alkitab langsung kepada soalan itu, 'Bolehkah saya memaafkan diri saya?' Ia menjelaskan keperluan kita semua mempunyai pengampunan Tuhan dan bagaimana kita dapat menerimanya.

Saiz 175mm x 115mm, Mukasurat 56



Perjuangan Dalaman

Ini menggunakan Kitab Suci untuk membawa galakan, harapan dan keselesaan untuk membantu kita menghadapi perjuangan sehari-hari yang kita hadapi. Ia adalah buku yang sesuai untuk disampaikan kepada rakan-rakan yang bukan orang Kristian.

Saiz 175mm x 115mm, Mukasurat 108


BeaconLight.co.uk
biblical training to share

PO Box 91, Banstead, Surrey SM7 9BA
Email: books@beaconlight.co.uk Phone: 01737 357103